

OOMISHA QAARAA



SHERP

The logo for SHERP features the word "SHERP" in large, bold, block letters. Each letter is a different color: 'S' is yellow, 'H' is green, 'E' is blue, 'R' is red, and 'P' is white with a red outline. The 'P' is stylized to include a white silhouette of a person with their arms raised.

Mata-duree Leenjii: Hoomisha Qaaraa Aayrishii

Kaayyoo: Oomisha moosee Ayrishi irratti qajeelfama kennuu

Kayyoo gooree :

- Oomishaa, qabinsa oomisha booda, fi haala gabaa Qaaraa Aayirishii irratti odeeffanoo bu'uraa kennuu

Qabiyee:

1. Seensa: Seena (Background), gosoota/sanyii beekkamoo muraasa, fi haala qillensaa fi naannoo gaha (Optimal Ecological Requirements)
2. Qophii qonnaan duraa 1 – 5
3. Hojiilee qonnaa baratamoo 1- 9
4. Sassaabuu
5. Qabinsaa oomishaan boodaa
6. Xinxalaa Baasii fi Galii
7. Shaakallii gamaa gama leenjiin boodaa

Qaama Qunnamtii:

- **Biiroo Qonnaa fi Qabeenya Uumama Oromiyaa**
- **Biiroo Qonnaa, Nannoo Amaaraa**
- **Ministeera Qonnaa (MQ)**

Karaa Magananya irraa gara Gurdi Sholaa, Gi'ologikal Sarveeyiin duuba, Finfinnee, Itiyoophiya

L.S.P 62347, Finfinnee, Itiyoophiya Bilb: +2511164660746

- **Waajira Projeektii Ethio-SHEP**

Fooqii 3^{faa}, Gamoo A Dayireectoreeti Misoomaa fi Tamsaasa Teeeknoolojii Kudraa fi Mudraa

E-mail: ethioshep@gmail.com

- **Japan International Cooperation Agency (JICA) Ethiopia Office**

Kirkos sub-city, Kebele 02, House No676/05, Addis Ababa, Ethiopia (MINA Building, 6 – 7F),

Mailing Address: P.O.Box5384, Addis Ababa, Ethiopia

Tel: (251)-11-5504755

Email: et_oso_rep@jica.go.jp

Disclaimer

Pepper Production, First version was published by SHEP (Kenya) in 2009, revised by Ethio-SHEP in 2019 (Ver.1)

All rights reserved. This publication may be reproduced without permission for non-commercial use as long as the Ministry of Agriculture (MoA), Oromia Bureau of Agriculture, Bureau of Agriculture of Amhara region of the Federal Republic of Ethiopia and the Japan International Cooperation Agency (JICA) are acknowledged.

This publication was prepared under the Project for Smallholder Horticulture Farmer Empowerment through Promotion of Market-Oriented Agriculture (Ethio-SHEP) on behalf of Ministry of Agriculture, Horticulture Development Technology Transfer Directorate (HDTTD) of FDRE and Japan International Cooperation Agency (JICA).

The proposed agrochemicals are in accordance with "Pest Control Product Registered for Use in Edition, 2015". The registered agrochemicals are subject to change. Please refer to the latest registered agrochemicals by Plant variety release, protection and seed quality control directorate .

Ariirrata

- Meeshaan leenjii kun hojimaata/gochoota bu'uraa kan oomishaa fi gabaa midhaaniif barbaachisan hoomisha midhaan kudraa fi mudra ilaalcha keessa galchudhan kan hoojiirra oolu ta'a.
- Hojimaatni/gochootni bu'uraa bifa mata duree gurgudaa torbaatti (7) fi xixinaa 20tii adda qoodaman. Mata dureeleen 20n Mala Waliigala Hoomisha Kudraa fi Mudraa fi Qabinsa hoomisha Boodaa (MWHKM&QHB20) jedhamuun beekkaman. Adda qoodinsi kun gufulee hoomishaa fi gabaa qotee bultootaa xixiqaa qunnamaniin walqabatee muuxannoo projeektii Kudraa fi Mudraa Qonnaan Bultoota Xixiqaa Dandeessisuu fi Babalisuu (KMQXDB/SHEP) irratti hundaa'u dhani.
- Mata-duree gurgudaan turban (7): Qophii qonnaan duraa; Qophii lafaa; Midhaan guddisuu (biqilchuu/dabarsanii dhaabuu); Biqiltuu kunuunsuu; sasaabuu; qabinsa hoomishaa booda: fi Xinxalaa Baasii fi Galii
- Mata-dureen xixiqqoon gurgudoo turban jalatti aragaman akka armaan gadii tareeffaman: **Qophii qonnaan duraa** (qorannoo gabaa, lakkoftu guyyaa dhaabinsaa, namunaa biyyee & xiinxala; YKN bu'aa xiinxala biyyee ETHIOSIS fi laboratory Biyyoo kan biyyolesaa ykn kan naannooti fayyadamuu: kompostii/dikee qopheessuu, fi sanyii/ mura dhaabamu qulqulluu; **Qophii Lafaa** (hojiilee lafaa qopheessuu, haftee midhaanii itti makuu, fi hundee jalattii naquu); **Midhaan Guddisuu** (Biqiltuu guddisuu, dhaabuu/dabarsuu, xaa'oo itti naquu); **Midhaan Kunuunsuu** (bishaan barbaachisu, haramaa to'achuu, gubbaarrati ufixuu, hojii ilbisaa fi dhibee to'achuu, fi fara-ilbisootaa haala nagaa fi bu'aa qabeesa ta'een fayyadamu); **Sasaabuu** (indeexii sasaabuu); **Qabinsa Oomishaa Boodaa** (kuusaa sirrii/meeshaa qarqabii sadarkaa eeggate, fi tooftaalee dudhaa dabaluu); and **Xinxalaa Baasii fi Galii** (baasii fi galii xiinxaluu).
- Dhimootni mata-duree xixiqqaa 20 jalatti tarreefaman iddoo martii rawwatamuu dhissu ni mala. Garuu, iddoo danadaameti qajeelfamni maxxanfame akka raawwatamuuf xiyyefanan akka laatamuuf nigorfama.

1. Seensa:

1.1 Seensa Gabaabaa



Qaaraa

1. Seensa:

1.1 Seensa Gabaabaa



Qaaraa

1. Seensa:

1.1 Seensa Gabaabaa

- Qaaran haala qilleensaa fi naannoo adda addaa keessati ballinaan ni oomishama.
- Itiyoophiyaa keessatti gosa midhaani kan qotee bulaaf maddali qarshii bu'aa gudda qabuu dha.
- Qaaran Itiyoophiyaa keessati iddo adda addaati ballinaan kan oomishamuu fi bifa adda adaatiin ni nyaatama fkf ho'aa (qircaa/qacaa), gogsuun ykn bifa jijjiruun (process gochuun) haala kudraatiin ykn mi'eesitu/urgeessituuti .
- Midhaanichi bifa firii bilchaataa gogee ykn bifa cuunfaa firii oleoresin jedhamuun gaba alaatiif dhi'aata.

1.2 Gosa Sanyii Beekkamoo Muraasa



Information Source: <http://www.awangarden.com>

“Maarakoo Faanaa”

1.2 Gosa Sanyii Beekkamoo Muraasa



“Maarakoo Faanaa”

1.2 Gosa Sanyii beekkamoo Muraasa

“Maarakoo Faanaa ”:

- Diree banaa keessati guddata
- Dhibeele vaayrasiiitiif kan Akaka Vayirasii Moosee keelloo (**Potato Virus Y (PVY)**), Mozaayikii Timaatimaa (**Tomato Mosaic**), Mozaayikii Tamboo(**Tobacco Mosaic**) fi Mild Mottlii qaaraa (**Pepper Mild Mottle**) dandamanna ni qaba,
- Firiin magariisaa gara keellooti jijjiirama
- **Yeroo Bilchinaa:** dabarsuun booda guyyota **120– 135**
- **Oomishtummaa:** Diree/maasaa banaa keessati **150– 250 kt/ha**

1.2 Gosa Sanyii Beekkamoo

Muraasa



“Melka Zala”



“Melka Eshet ”

1.2 Gosa Sanyii Beekkamoo Muraasa



“Melka Zala”



“Melka Eshet ”

1.2 Gosa Sanyii beekkamoo Muraasa

““Melka Zala”

- Diree banaa keessati guddata
- Dhibeelee **biyyoorra uumamaniif dandamanna** ni qaba
- Halluun firii **magariisaa gara diimaati** geeddarama
- Yeroo Bilchinaaf barbaachisu: dabrsuun booda **guyyoota 130– 150**
- **Oomishtummaa:** Diree banaa keessati **200– 250 kt/ha**

““Melka Eshet ”

- Diree/maasaa banaa keessati guddata
- Bifa jijjiiruun (processing) dudhaa dabaluu fayyada
- Halluun firii **magariisaa gara guutuu diimaati** geeddarama
- Yeroo Bilchinaaf : dabrsuun booda **guyyoota 100-120**
- **Oomishtummaa:** Diree banaa keessati **150– 200 kt/ha**

1.3 Guddinaaf Naannoo/Qilleenssa Mijataa

Olka'insa lafaa	1,400 – 1,900 meetira sadarka garbaa ol
Hanga Roobaa	mm 600 – 1,200 waggati
Ho'insa qilleensaa kan guddinaa	hoo'insa guyyaa °C 25 – 28. Hoo'insa halkanii °C15 – 20
Biyyoo	<ul style="list-style-type: none"> • Kan bishaan hin kuufne tima giddu galeesaa tima makaa fi suphee • pH 5.5 – 7 • Organic matter olka'aa

1.3 Guddinaaf Naannoo/Qilleenssa Mijataa

Olka'insa lafaa	1400 – 1900 meetira sadarka garbaa ol
Hanga Roobaa	mm 600 – 1,200 waggati
Ho'insa qilleensaa kan guddinaa	hoo'insa guyyaa °C 25 – 28. Hoo'insa halkanii °C15 – 20
Biyyoo	<ul style="list-style-type: none"> • Kan bishaan hin kuufne tima giddu galeesaa tima makaa fi suphee • pH 5.5 – 7 • Organic matter olka'aa

1.3 Guddinaaf Naannoo/Qilleessa Mijataa

- **Olka'insa lafaa:** Barbareen magariisni kan gudatu **1,400 -1,900** meetira sadarka garbaa ol irratti
- **Hanga Roobaa:** magariisni naannoo rooba mm **600 – 1,200 waggati argatuu** kan Waqtii guddinaa mara **deddeebiin/facaatiin roobaa sirrii** ta'u qaba
- **Ho'insa Qilleensaa :** Barbareen magariisni **haala qilleensaa ho'aa keessati** sirriti bu'aa kenna. Ho'insi guddinaaf gahaan guyyaa **25-28 °C**. Ho'insi halkanii gad bu'aan dameen fi daraaraan akka heddumaatuu ni godha, garuu ho'insi halkanii olka'aan yeroo malee dafe daraaraa eegalsiisa.
- **Biyyoo:** biyyoo salphaa, gabbatuu bishaan hin kuufne fi kan haala giddu galeessa makaa cirrachaa kan qabu nifilatama. pH gahaan **5.5 – 7.0** gidduu dha.

2. Qophii Qonnaan Duraa:

2.1 Qorannoo Gabaa



Qaaraa irratti qorannoo gabaa yeroo gegeeffamu

2. Qophii Qonnaan Duraa:

2.1 Qorannoo Gabaa



Qaaraa irratti qorannoo gabaa yeroo gegeeffamu

- 2. Qophii Qonnaa Duraa :**
2.1 Qoranno Gabaa (GHCP&PHHT20: G1)
Akkaataa Qoranno gabaa itti gaggeesinu
- Midhanoota ijoo ta'aaniif daldaloota gurguddoo adda baasuu.
 - Kayoo qoranno gabaa fi off beeksisuu.
 - Gabaa guddaa naannoo jiru adda baasuu (gabaa naannoo jiru, gabaa guddaa maggala keessa jiru, hosphitala, Univaarsitii fi mana barumsa).
 - Yeroo soomaa ykn yeroo ayyaana amantaa fi yeroo yeroon gaggeessuun barbaachiisaa dha.
 - Yeroo soomaa namooni kuduralee bayyee ynaatu.
 - Daldalootaa waliin walitii dhiheeyna gabaa umuu fi carraa gabaa haraa argachuuf yeroo hunda gabaa qorachuun barbaachisaa dha.
- Yaadannoo:** Guyyaa gabaa, demtuu (gabaa nannoo kessatii argamuu) qorannoo gabaa gaggeessuun ni gorfama.

2. Qophii Qonnaa Duraa :

2.2 Gaafiwwaan Qorannoo Gabaa

Boca Qorannoon Gabaa Ittii Gaggeefamu

Guyyaa : _____ / _____ / _____

Naannoo: _____

Godina: _____

Aanaa: _____

Maqa garee: _____

Maqaa Daldalaa fi lakkoofsa bilbilaa	Maqaa fi Gosa oomisha	Qulqullina oomisha fi ulagaa gabaa.	Yeroo (Waqtii) oomishni baayyee gabaattii barbaadamu	Hanga barbaadamu (Kgn) Yoom akka barbaadamu (guyyaa guyyaan ykn Torbaniin)	Baka ittii oomis haamu	Gatii Kiiloon tokkoo itti bitamu ETB/kg)	Haala kafaltii ittiin kafalamu	Yeroo kafaltii	Yeroo bittaa fi gurgurtaa rakoollee qunaman	Fedhiin Daldalaa Garee kana irraa oomishaa bituuf jiru
Obboo. Abdela Qasim (0917-xxxxxx)	Qaraa (Mareko Fana)	guddaa	Guraandha alaa hanga bitooteessa	10 kun/guyyaattii (1kun= 23 kg)	Asendabo	30 qarshii/kg	Harka harka	Harkati yeroo bittaa	Qulquleesuu fi adda baasuun hin hojatamu.	Suqi irraa bituuf feedhi qabna
Obboo. Kernal Husen (0911-xxxxxx)	Qaraa (Bako local)	Gidduugal esaa hanga guddaa	Adooleessa hanga muddee	50 kun/torbanitii (1 kun=30 kg)	Asendabo	20 qarshii/kun	liqii	torbanitii	Poor quality (insect damage and rotten)	Masaa irraa bituuf fedhii qabna

2. Qophii Qonnaa Duraa :

2.2 Gaafiwwaan Qorannoo Gabaa

Boca Qorannoon Gabaa Ittii Gaggeefamu

Guyyaa : ____ / ____ / ____

Naannoo: _____

Godina: _____

Aanaa: _____

Maqa garee: _____

Maqaa Daldalaa fi lakkoofsa bilbilaa	Maqaa fi Gosa oomisha	Qulqullina oomisha fi ulagaa gabaa.	Yeroo (Waqtii) oomishni baayyee gabaattii barbaadamu	Hanga barbaadamu (Kgn) Yoom akka barbaadamu (guyyaa guyyaan ykn Torbaniin)	Baka ittii oomis haamu	Gatii Kiiloon tokkoo itti bitamu ETB/kg)	Haala kafaltii ittiin kafalamu	Yeroo kafaltii	Yeroo bittaa fi gurguraa rakoollee qunaman	Fedhiin Daldalaa Garee kana irraa oomishaa bituuf jiru
Obboo. Abdela Qasim (0917-xxxxx)	Qaraa (Mareko Fana)	guddaa	Guraandha hanga bitooteessa	10 kun/guyyaattii (1kun= 23 kg)	Asenda bo	30 qarshii/kg	Harka harka	Harkati yeroo bittaa	Qulqulleesuu fi adda baasuun hin hojjatamu.	Suqi irraa bituuf fedhii qabna
Obboo. Kemal Husen (0911-xxxxx)	Qaraa (Bako local)	Gidduugal esaa hanga guddaa	Adooleessa hanga muddee	50 kun/torbaniti (1 kun=30 kg)	Asenda bo	20 qarshii/kun	liqii	torbanitii	Poor quality (insect damage and rotten)	Masaa irraa bituuf fedhii qabna

Gaafiwwaan Qorannoo Gabaa

2. Qophii Qonnaa Duraa : : 2.2 Gaafiwwaan Qorannoo Gabaa

Saamuda gaafannoo qopheessuun Q/bulaa irraa odeeffannoo armaan gadii walitti qabu.

- Fedhiin qaaraa ji'a kam keessa ol ka'aa ta'a?
- Gatii qaaraa yeroo fedhiin olka'aa
- Sanyii qaaraa kan fedhii olaanaa qabu
- Dhiheessii barbaachisu (hanqaa fi irra deddeebiin)
- Qulqullina gabaa barbaadu
- Daldaloota/ Namoota bituu danda'u fi haala/tooftaa kafaltii fi kkf.

2.2 Sagantaa Dhaabbii/Facasaa

Fakkeenya Sagantaa Dhaabbii/Facasaa Qaaraa

Ful	Onk	sad	Mud	Amj	Gur
<p>Narsarii irratti biqiltoota torbaan 6-7 (hojjaa sm12-15)</p> <p>Lafa qotuun bulleessuu Plough land & SMadaba sanyii tolchuu (m1 x m5)</p> <p>Hamma sanyii 20-25 g/sirreen (600-750 g/ha)</p> <p>Hanga biqiluu baalaa fi Marga itti uffisu, sana booda uffisa irra kaasi Biqiltoota hirrisi (thining)</p>	<p>Adda fageenya Sm70 sarara gidduu Sm30 biqiltota giddlants</p> <p>Xaa'oo NPS 242kg/h, Jalatti naquu.</p> <p>Yuuriyaa 100kg/h</p> <p>Gubbati-uffisu: ¹ffaa 50 kg/h, guyyota 15 Dabarsuun booda</p>	<p>Gubb-uffisu: ²ffaa Yuuriyaa 50k/ha guyyota 45 days dabarsuun booda (yeroo daraaraa) flowering)</p> <p>Ilbiisotaa & Dhibee to'achuu</p>	<p>Oomisha sasaabu Dabarsuun booda Guyyota 75 -120 jalqabama</p> <p>Adda baasu fi Sadarkeessuu</p> <p>Oomishtummaa: 150 – 250kt/ha</p> <p>Gabaaf dhiyeessuu</p>	<p>Qaaraa Yeroo Fedhii guddaa</p>	

2.2 Sagantaa facaasaa/cropping calender/

Ful	Oon	sad	Mud	Amj	Gur
<p>Narsarii irratti biqiltota torbaan 6-7 (hojjaa sm12-15)</p> <p>Lafa qotuun bulleessuu Plough land & SMadaba sanyii tolchuu (m1 x m5)</p> <p>Hamma sanyii 20-25 g/sirreen (600-750 g/ha)</p> <p>Hanga biqiluu baalaa fi Marga itti uffisu, sana booda uffisa irra kaasi Biqiltota hirrisi (thining)</p>	<p>Adda fageenya Sm70 sarara gidduu Sm30 biqiltota giddlants</p> <p>Xaa'oo NPS 242kg/h, Jalatti naquu.</p> <p>Yuuriyaa 100kg/h</p> <p>Gubbati-uffisu: 1staa 50 kg/h, guyyota 15 Dabarsuun booda</p>	<p>Gubb-uffisu: 2ndaa Yuuriyaa 50k/ha guyyota 45 days dabarsuun booda (yeroo daraaraa) flowering)</p> <p>Ilbiisotaa & Dhibee to'achuu</p>	<p>Oomisha sasaabu Dabarsuun booda Guyyota 75 -120 jalqabama</p> <p>Adda baasu fi Sadarkeessuu</p> <p>Oomishtummaa: 150 – 250kt/ha</p> <p>Gabaaf dhiyeessuu</p>	<p>Qaaraa Yeroo Fedhii guddaa</p>	

Fakkeenya Sagantaa Dhaabbii/Facasaa Qaaraa

2.2 Sagantaa facaasaa/cropping calender

(GHCP&PHHT20: Q2)

- Meeshaa qotee bulaan yeroon gabaa fi yeroon gatiin guddan itti argamu walirraa akk ooluu mirkaneessuun karoora qonaa/oomishaa karoofatuuf ittii fayyadamu.


Akkaataa raawwii:

1. Bu'aa qorannoo gabaa(2.1) irrati hundaa'un yeroo fedhiin moosee guddaan itti argamu murteesi.
2. Ji'a fedhiin guddaan itti argamuu irraa gara duubaatii hojjechuun hojiilee qonna yeroo fedhiin ol'aanaan jiru dursanii ji'a ji'aan hojjetamuu qaban qopheesi.
3. Hojiilee ji'a ji'aa kan yeroo fedhii guddaa duursaniti fayyadamuun karoora bitta calla guddistuu fi qajeelfama hojilee maasa kan guyyaa guyyaa karoorsi.

Yaadannoo:


- Yeroo fedhiin gabaa ol'aanaati qaqabuuf, jallisii dabalata fayyadamuun barbachisu mala.

2.3 Samuda fi Xiinxala Biyyee



Haala maasaa irratti hundaa'un, tooftaa sirrii ta'etti fayyadamii samuda fuudhii

2.3 Samuda fi Xiinxala Biyyee



**Haala maasaa irratti hundaa'un,
tooftaa sirrii ta'etti fayyadamii
samuda fuudhii**

2.3 Samuda fi Xiinxala Biyyee (GHCP&PHHT20: Q3)

- Nutireentii fi wantoota oomisha midhaaniif barbaachisan jiraachuu isaani mirkaneefachuuf, **wagoota 2-3 booda** biyyoon akka xiinxalamu ni gorfama.
- Bu'aan xiinxala biyyoo fedhii xaa'oo fi dikee murteessuuf itti fayyadmuu ni danda'ama.

2.4 Kompostii Qopheessuu



Qophii Dikee Bifa Kompostiitiin

2.4 Kompostii Qopheessuu



**Qophii Dikee Bifa
Kompostiitiin**

2.4 Kompostii **GHCP&PHHT20:Q4)**

- Yeroo kompostiin qophaa'u, nutreentiin akka hin dhiqamneef hafteen lubbu-qabeeyii (organic matter) ukkamsuun barbaachisaa dha.
- Dhibee biyyoo irraa uumamu balleessuuf qaaraan magariisni dikee sirriti bullaa'e barbaada
- Qabiyyee qaamaa biqiltoota tortora kan biyoo keessati argamu irratti hundaa'un Hangi kompostii (dikee) heektaara tokkoof gahu kuntaala **80-120** dha
- Kuni kan walgitu dikee harka guutuu **1-2 boolla biqiltuu tokkoof**
- Boolla biqiltuu keessati sirriti biyyon waltti makamuu qaba

2.5 Saynii Qulquluu/ Meshaaale Dhabbii



Fakkii (samuda) Sanyii Raggasifamee gabaa irrati argamuu

2.5 Saynii Qulquluu/ Meshaaale Dhabbi



**Fakkii (samuda) Saynii
Raggasifamee gabaa irrati
argamuu**

2.5 Qulqullina Sanyii/Biqiltuu (GHCP&PHHT20:Q5)

- Haaluma biqiltoota biro, sanyiin qaaraan magariisaa qulqullina qabaachuu fi qama mootummaa tajaajila Eegumsa Biqiltuu fi To'annootiin raggasifamuu qaba.
- Sanyii raggasifame dhiheessitoota hayyama qaban ykn biqiltuu narsarii galmaa'ee fi raggasifame irraa bituu kee mirkaneeffadhu
- Qotee bulootni ragaa qola sanyii irratti maxxanfame kan akka guyyaa faayidda ala ta'u, %biqillummaa, % qulqullinaa, haala itti kuufamuu fi maqaa sanyiif xiyyefanaan hubachuu qabu.

3. Mala Aadaa:

3.1 Qophii Masaa



**Biqiltuu dhaabuuf yeroo qophiin
lafaa qotiyoona qotamu**

3. Mala Aadaa:

3.1 Qophii Masaa



Biqiltuu dhaabuuf yeroo qophiin lafaa qotiyoon qotamu

3. Mala Aadaa:

3.1 Qophii Masaa Hojimaata Qophii Masaa (GHCP&PHHT20: Q6)

- Qophiin ji'oota **2 – 3** dhaabuun dura hojjetamuu qaba
- Biyyoon sirriti qotamuu qaba, haftee midhaanii fi dhakaa balleesun biyyoon akka bulla'uu waan taasisuuf
- Maasaan hanga gadifageenya sm **20 – 30** qotamuu fi gargaluu qaba
- Laftii midhaan gosa tokkoo ykn maatii tokkoo (timaatimii, moosee, qaaraa magariisa) irrati oomishamuu hin qabu
- Sochii hojii maasaa salphaa gochuuf, madabni yoo waltii siqanii fi karaan milaa ballaa ta'e gaarii dha.

3.2 Haftee Midhaanii Itti Makuu



**Haftee midhaanii maasaa keessati argamu
biyyooti makuu**

3.2 Haftee Midhaanii Itti Makuu



Haftee midhaanii maasaa keessati argamu biyyooti makuu

3.2 Haftee Midhaani itti makuu (GHCP&PHHT20: Q7)

- Lafa qonnaa keessati haftee midhaani biyyoo tti makuun qabiyeen orgaanikii bayyee akka olka'u ni taasisa.
- Hafteen midhaanii yoo xiqqaate gadii fageenya sm 30 irrattii biqiltuu osoo hin dabarsiin ji'a 1-2 dura godhamuu qaba. Haa tahuu malee, kuni iddoo fi gosa haftee midhaanii irrati hundaa'un garaa gagara ta'u mala.
- Haa ta'u malee, hafteen midhaanii kan gosa/maatii Solanaceae (kan akka timaatimii, moosee, qaraa magariisa, mixmixa, eggplants, tamboo kkf.) yoo ta'e, balaa guddina dhibee hambisuuf haftee ibidaan gubudhaan barbadeessuu barbaachisa.

3.3 Jalatti Naquu



Dikee/ kompostii jalatti makuu/naquu

3.3 Jalatti Naquu



**Dikee/ kompostii jalatti
makuu/naquu**

3.3 Jalatti Naquu (GHCP&PHHT20: G8)

- Qaaraan Magariisni kan itti tolu yoo hammii dikee/kompostii arjaan argateedha.
- Dikee/ kompostiin kan faca'uu qabu hamma kuntaala **100-120 heektaaraan**
- Laftii irraa deddeebi'un qatamuu fi walqixxaatu qaba, sana booda adda fageenya sm 75 sarara jidduu dhiisuun bo'oo fi daaga tolchu
- Yeroo dhaabinsaa **NPS kg 242/he** itt naquu

3.4 Biqiltuu Guddisuu



Madaba irrati biqiltuu guddisuu

3.4 Biqiltuu Guddisuu



Madaba irrati biqiltuu guddisuu

3.4 Biqiltuu Guddisuu (GHCP&PHHT20: Q9)

- Qaaraa narsarii irratii guddatee gara maasaati darba, garuu kallatiin maasaa irratti facaasuun ni danda'ama.
- Hamma sanyii: narsaariif graama **600 – 750 hectaaraan fi kallatin facaasuuf kg 3 heektaaraan**

Iddoo narsari filachuu:

- Iddoon narsarii kan waggoota 3-4iif biqiltootni miseensa **maatii Solanaceae** irrati hin biqiliin tahu qaba

Qophii Narsarii:

- Madaba sanyii **ballina meetira 1** fi **dheerina mijja'aa (sm 5-10)** qabu qopheessu
- Uraa **sm 10–15** adda fagaatu madaba sanyii gubbatti tolchu
- Happisuun sanyii uraalee keessati facaasu, sana booda hanga sanyiin biqilutti jiidhaa tursiisuuf marga/migira gogaa itti uffisu
- Haala siranaan narsarii bishaan obaasu
- Gaadisa qopeesuu fi wantota orgaanikii kan akka marga gogaa itti uffisu
- Gaaddisni biqiltootni daa'imman aduuf akka hinsaaxilamne godha :

Narsarii Kunuunsuu/Gaggeessuu:

- Yeroo yeroon bishaan obaasu
- Biqiltoota **maasatti dabarsuun torbaan 1-2** dursun hammaa fi deddebii obaa bishanii hirrisuun fi ifa aduutiif kallatiin saaxiluun biqiltuun akka jabaatu gochu.
- Ilbiisotni akka tiitisa addii (whiteflies) biqiltuu daa'imman timaatimatti vaayirasii dabarsuu ni danda'u
- Ilbiisotni kanneen, **saaphan ilbiisota hingalchine ykn farra ilbiisotaa** fayyadamuun ittisuun nidanda'ama

3.5 Biqiltuu Dabaruu



**Biqiltuu
Dabarsuu**



**Biqiltoota Qaaraa
Maasaati Darbee
Dhaabbame**

3.5 Biqiltuu Dabaruu



Biqiltuu Dabarsuu



**Biqiltoota Qaaraa Maasaati
Darbee Dhaabbame**

3.5 Biqiltuu Dabaruu

3.5.1 Yeroo sirrii

- Biqiltootni kan darban **torbaan 6-7 facaa booda** ykn baala dhugaa 4-6 yeroo baasu ykn hojjaan sm15-20 yoo ga'uu dha
- Biqiltoota cimoo/jabbataa argachuuf **torbaan 1 dabarsuun** dura bishaan hirisuu fi gaaddisa kaasuu barbaachisaa dha.
- Dabarsuun ganama barii ykn galgala gara booda yoo rawwatame gaarii ta'a

3.5.2 Adda fageenya Sirrii (GHCP&PHHT20: Q10)

- **Adda fageenya : sm60 × sm45** ykn **sm70 × sm30**, gosa sanyii irrati hundaa'un
- Qonna jallsiitiin, daaga gubbaan dirree irrati sarara lama lamaan dhaabuun ni danda'ama. Fageenyi sarara jidduu sm80 fi biqiltoota gidduu sm40 ta'a. fageenyi sarara dacha gidduu sm40 tahu qaba
- **Bayyina biqiltuu Heektaaraan:** biqiltoota **34,188** hanga **47,619**
- Adda fageenyi sirrii biqiltuu gababaa fi gabbataa kan sirna hiddaa gaarii qabuu akka argamu taasisa

3.5.3 Hamma Xaa'oo (GHCP&PHHT20: Q11)

- Gosaa fi hammii xaa'oo bu'aa xiinxala biyyoo irratti hundaa'u qaba
- **DAP kg 200/heykn NPS kg 242/he** yeroo dabarsamu
- Xaa'oon sirritit biyyoon walitti makamuu qaba

3.6 Fedhii Bishaanii



**Jallisii Bo'ootiin Biqiltoota Qaaraa
bishaan obaasuu**

3.6 Fedhii Bishaanii



Jallisii Bo'ootiin Biqiltoota Qaaraa bishaan obaasuu

3.6 Feedhii Bishaanii(GHCP&PHHT20: Q12)

- Qaaraan **yeroo guddinaa bishaan gahaa** barbaada
- Qonna **roobaatiin ykn jallisiitiin** guddatuu ni danda'an
- Bishaan obaasuun biqiltootni qaaraan firii **qulqullinaa fi hamma olaanaa** qabuu akka godhatan ni kakaasa.
- **Bilqiltootni jiidhaan dhibeen qabamuu** waan dada'aniif gara galgalaa bishaan obaasu dhisuu
- Biyyoon sirriti xuruuruu ykn bishaan akka hin qabanne gochuun barbaachisaa dha
- Gaddi dheerinni hiddaa hanga m 1,0 dheerachuu danda'a, garuu qonna jallisiitiin hiddi **gadi fageenya biyyoo gubbaa sm0.3** irrati kuufama

Mala Jallisii:

- **Jallisii Bo'oo**, heddu bu'a qabeesa fi kan babalinsa dhibee akka coolaggi baakteeritaa(“**Bacterial wilt**) hirrisuu, yommu jallisii baala gubbaatiin wal dorgomsiiifne.
- Sadarkaa guddina jalqabaa irrati, guyyota 5-7 adda fageessuun bishaan itti jallisuu
- Gara guddina boodaatti, adda fageenyi guyyaa hanga guyyoota 7-10 tti dheerachu qaba

3.7 To'annaa Aramaa



**Meeshaa sirriitiin To'annaa Aramaa
Maasaa Qaaraa keessatti**

3.7 To'annaa Aramaa




Meeshaa sirriitiin To'annaa Aramaa Maasaa Qaaraa keessatti

3.7 To'annaa Aramaa (GHCP&PHHT20: Q13)


- Dimshaashumatti, hamma danda'me laftii aramarra bilisaa akka tahu gochuun saaminsa **albudaalee(nutireetii)**, ifa aduu fi **jiidhaaf** taasifamu hambisuu
- Yeroo aramttu, hiddi biqiltuu akka hin quncaane/miidhamne ofeeggachuu
- Kun kan ta'u meeshaalee aramaa yoo fayyadamnee dha
- Qaaraan **miidhaa/dorgommii aramaa hindandamatu (susceptible)**, keessatuu sadarkaa guddinaa yeroo gara jalqabaa
- Arama to'achuu fi biyyee laafisuuf shuqunuun/qotinsi hanga daraaraa godhachuu jalqabutti marsaa **3-4**raawwatamuu qaba
- Arammii 1ffaa: dabarsuun booda guyyoota **20**
- Arammii 2ffaa: dabarsuun booda guyyoota **40**
- Uffisnii oorgaanikii to'annaa arammatiif bu'a qabeessa

3.8 Gubbaati Uffisuu



Mala kaa'uutti fayyadamuun Gubbati Uffisuu

3.8 Gubbaati Uffisuu



**Mala kaa'uutti fayyadamuun
Gubbati Uffisuu**

3.8 Gubbaati Uffisuu (GHCP&PHHT20:Q14)

- Qaaraan oomishaa olaanaa kennuuf xaa'oo madda lubbu-qabeeyii (organic) fi kemikaalaa gochuun barbaachisaadha.
- **Uffisa 1^{ffaa}** kan raawwatamu yuuriyaa **kg50/he, torbaan 2 - 3** dabarsuun booda
- **Uffisa 2nd** kan raawwatamu **kg50/he, torbaan 6** dabarsuun booda (yeroo daraaraa godhachaa jiruttii)
- Yerroo dararaa godhachaa jiru naatiroojinii baayyisuu irraa of qusachuu

3.9 Midhaan Kunuunsuu

3.9.1 Leenjisuu fi Hirkoo Gochuuf



Information Source: <http://galleryhip.com>



Information Source: <http://www.limurufarmadn.org>

Maasaa qaaraa Sirriti Hirkate/utubame

3.9 Midhaan Kunuunsuu

3.9.1 Leenjisuu fi Hirkoo Gochuuf



**Maasaa qaaraa Sirriti
Hirkate/utubame**

3.9 Midhaan Kunuunsuu

3.9.1 Leenjisuu fi Hirkoo godhuuf

- Irkaachisuun/utubuun biqiltuun oljedhee akka dhaabatuu fi firiin biyyoo akka hin tuqnee godha
- Meeshaalee hirkoo/utubbii: **utubaa mukaa, leemmana** ykn **wanta jabaatee dhaabbatu**
- Bilqiltuu akka oldhaabbatu leenjisuuf, **fo'aa/wadaroo, qaccee pilaastikaa** ykn wantoota birotti fayyadamuun ni danda'ama
- Dameelee fi baallii wal qabatee akka turu gochuun firiin adduun akka hin gubamne gargaara.
- Yeroo firiin ulfaatu, biqiltuun akka addaan hin baqaqne gargaara.
- Biqiltootni akka hin kufne ni godha

3.9.2 Damee Hirrisuu (Pruning)



Information Source: <http://www.aerogarden.com>

**Biqiltuu Qaaraa
irraa dame hirrisuu**



Information Source: <http://www.aerogarden.com>

**Erga dameen
hiratesee booda**

3.9.2 Damee Hirrisuu (Pruning)



**Biqiltuu Qaaraa irraa
dame hirrisuu**



**Erga dameen hirratee
booda**

3.9.2 Damee Hirrisuu

- Biqiltuun qarraa jalqaba muka/jirma tokke godhata
- Boodarra dame fi jirma haraa dabalata godhata
- Baala tookko ykn lama booda jirmi haaraan hundi xinnoo turanii dame godhatu, akkasumas bakka dameen lamma adda bahanitti ija abaaboo baasa
- Karaan qaaraan itti guddifamu beekamaan **dameen haaraan lamaan** akka guddatu haala mijjeessu dha
- Yoo **dameen haaraan (shoots) gurgudaan** sadi ykn afur barbaadaman, kan sdaffaa ykn afraffaa kan **fudhatamuu qaban dame lammafaa** irrati
- Dameen haaraan gara cinaati bahu jabina latinsa kaaniin gitu qabaachuu qaba

Hub: qutee bulootni damee hirrisuu raawwachuu yoo barbaadan gosa sanyii fi qulqullina argachuuu karorfatan irrati hundaa'a.

3.9.3 Ba'aa/Baayina Daraaraa To'achuu



Information Source: <http://4.bp.blogspot.com>

Ija Ababoo(Daraaraa)



Information Source: <http://bonnieplants.com>

Ababoo(Daraaraa)

3.9.3 Ba'aa/Baayina Daraaraa To'achuu



Ija Ababoo(Daraaraa)



Ababoo(Daraaraa)

3.9.3 Ba'aa/baayina Daraaraa To'achuu

- Qaaraan daraaruu kan jalbabu **torabaan 2-3** erga dhaabbame booda
- **Daraaraan duraa hirrisuun ni danda'ama**
- Daraaraa gara booda gara firiitti guddachuu ni danda'a
- Biqiltuun firii akka godhatu eeyyamuuf, ballini/uffisni baalaa ga'aan guddatuu qaba.
- Biqiltootni dameen olitti aksilii (**axils**) **3 ykn 4** qaban guddina gaha waan qabaniif firii akka godhatan hayyamuun ni danda'ama
- **Ulfina firii amansiisa** argachuuf, namni maasaa kunuunsu ba'aa daraaraa biqiltuu xiqaa to'achu qaba,

3.10 Dhibee fi ilbiisaa To'achuu

3.10.1. Tooftaa To'annoo/kunnuunsa

1.	To'annoo Mala Aadaa
2.	To'annoo Harkaa/humnaa
3.	To'annoo lubbu-qabeeyyiin (Biological)
4.	To'annoo keem ikaalaa
5.	Mala To'annoo Qinda'aa (IPM)

3.10 Dhibee fi ilbiisa To'aachuu

3.10.1 Tooftaa To'aannoo/Kununsaa


1.	To'annoo Mala Aadaa
2.	To'annoo Harkaa/humnaa
3.	To'annoo lubbu-qabeeyyiin (Biological)
4.	To'annoo keemikaalaa
5.	Mala To'annoo Qinda'aa (IPM)

3.10 Dhibee fi ilbiisa To'aachuu


3.10.1 Tooftaa To'aannoo/Kununsaa(GHCP&PHHT20:Q15)

- Ilbisootaa fi dhibeen tarsiimoo tokkeen ykn tooftaa lamaa fi sanaa olii walltti qindeessuun to'achuun ni danda'ama. Tarsiimoon to'annoo tokkeen mala aadaa; mala harkaa/humnaa; mala lubbu qabeeyii; fi mala kemikaalaati.
- 1. **To'annoo Aadaa:** Kun ilaalcha ilbiisoota fi dhibee sadarakaa miidhaa qaqabsiisanii gaditti dhorkuuf, to'annoo naannoo biqiltuun itti guddatuu of keessa qaba. Tooftaaleen aadaa maasaa qulqulleesuu, midhaan walitti makani dhaabu, midhaan faraqeessuu, daagaan adda qooduu (**furrowing**), lolaasuu (**flooding**), aduu rukuchiisuu (**solarization**) fi kkf..
- 2. **To'annoo harkaa/humnaa:** kun kan of jalitti qabatuu itti fayyadama kiyyoo (traps) ilbiisotaa, harkaan funaanuu, manaa calallinsaa (**screening house**), haramuu fi kkf.
- 3. **To'annoo Lubbu-qabeeyii (Biological Control):** Kun itti fayyadama diinoota uumamaa (**predators and parasitoids**), sanyii dandamatoo, biqiltuu kiyyoo, sirna dhiibbaa fi harkiisaa, fi biqiltuu fooliinjibbiisaa (**repellent plants**)
- 4. **To'annoo kemiikaalaa (GHCP&PHHT20:Q16):** Tooftaan kun farra ilbiisotaa fayyadamuu ilaala. Farrii ilbiisotaa kan filtamaniif hatatamaan bu'aa waan agarsiisan; sirritti ilbiisota waan balleessaniif (**high efficacy**). Farrii Ilbiisotaa faalamina nannootiin waan walqunnamtii qabaniif filannoo dhumaa tahu qabuu.
- 5. **Mala To'annoo Ilbisaa Qinda'aa (IPM):** Hanqina tarsiimoon to'annaan tokkee qabuu irraa ka'uun, iiti fayyadmanii mala qinda'aa (IPM) caalmaan tarsiimoo gorfamuu dha. Manca'insa midhaanii kan ilbisootaa fi dhibeen mudatu hirrisuuf, tarsiimoon qinda'aan(IPM) kan walitti qindeessu to'annoo aadaa, harkaa/humnaa, lubbu-qabeeyyii, fi akka filannoo dhumaati immoo mala to'annoo kemiikaalaati.

3.10.2 Jijiranii Qotuu



3.10.2 Jijiranii Qotuu




3.10.2 Jijiranii Qotuu

- Tarsiimoolee qinda'aa (IPM) baayyee kan barbaachisan keessaa midhaan jijjiiruun isa tokko.
- Midhaan jijjiiruun ilbiisotnii fi dhibeen akka hin uumaamne gargaara. Dabalataniis, sadarkaa qabiyyee niyutrantii (gabbina) biyyoo iddooti deebisa.
- Oomisha timaatimi, qircaa/qaaraa magariisaa ykn egg plant booda hindhaabin, maatii tokko waan tahaniif.
- Midhaan miseensa maatii addaa keessatti argamaniin jijjiiruun nigorfama; karoorri bu'a qabeessa ta'e wagoota 3-4 fudhata.

3.10.3 Dhibee fi Ilbiisa Ijoo



3.10.3 Dhibee fi Ilbiisa Ijoo



3.10.3 Dhibee fi Ilbiisa Ijoo

- Manca'inni ilbiisotaan uumamu hirrinaa hammaa fi qulqullina oomishaa niqaqabsiisu.
- Ilbiisota qaaraa gurggodoo Itiyoophiyaa keessati argaman kan asiin gadditi tarrefamani dha:

- A. Nimaatoodii Hiida litessaa**
- B. Kishkishii(Aphid)**
- C. Qarcammee(Cutworm)**
- D. Tiisisa Aadi(White Fly)**
- E. Sararita (Spider Mite)**
- F. Raammoo Firii (Fruit Borer)**
- G. Raamoo baala keessa deemu (Leaf Miner)**
- H. Injiraan Midhanii(Thrips)**

3.10.3.A: Nimaatoodii Hidda-litessaa (Root-knot Nematode)



Information Source: <https://extension.umass.edu>



Information Source: <https://extension.umass.edu>

Mallattoo faalama

“Nimaatoodii Hidda-litessaa”

3.10.3.A: Nimaatoodii Hidda-litessaa (Root-knot Nematode)



**Mallattoo faalama
“Nimaatoodii Hidda-
litessaa”**

3.10.3.A: Nimaatoodii Hidda-litessaa

- Nimaatoodiin **jiraatota biyyoo keessaa** kan haala salphaan biqiltuu faalameen, biyyoo gara gadi dhiqameen ykn meesha qonnaatiin dadarbuu dha.
- Nimaatoodiin Hidda-litessaa **biyyoo cirraachaa salphaa** keessati miidhaa guddaa qaqabsiisa

Mallattoo:

- **lita xixiqaa** hidda faalame irrati baha.
- litni qaaraa irrati bahu kan midhaa akka timaatimii irrati bahu irra xiqqaa dha

Damages:

- Biqiltootni ni coolagu
- Hiddii biqiltuu faalamee garmalee **faalla’a**, ni iitawa akkasumas **madaa ykn** iita godhata
- Biqiltuun faalame maayyirrati **tortoree du’a**

To’annoo:

- **Midhaan jijirani qotu/oomishu**
- Midhaan akka **African Marigold** wal makun guddisuu
- Biyyoon akka **organic matter sadarkkaa guddaa qabaatuu taasisuu**
- Bu’aa biqiltoota irraa argaman fkn **cuunfaa Niimii (Neem extracts)** fayyadamu

3.10.3.B: Kiskishii (Aphids)



Information Source: <http://farm4.static.flickr.com>

Kishikishii Baala irratti

3.10.3.B: Kiskishii (Aphids)



Kishikishii Baala irratti

3.10.3.B: Kiskishii(Aphids)

Iddoo itti argaman:

- Kishikishiin yeroo baayyee kan argaman fiixee biqiltuu ykn baala gara jalaa irratti tuutaanii
- Yommuu ittii haamaatuu qaama biqiltuu maraa irratti argamuu

Miidhaa:

- **wanta akka muucaa/harkifatuu (fiixeensan dammaa)** kan biqiltuu uufisu maddisiisa, ykn/fi **dhibeelee vaayrasii daddabarsuun**, Kishikishiin biqiltuu keessaa dhama(dhuka) xuxuun miidhaa geessisa,
- **Marama, sunxuuruu ykn kottonfachuu** baala xixinaa, **asxaa/tuqaa chlorotic, halluu makka baala dulloome irratti qancaruu fi coolaguu** biqiltoota
